STARTS WITH one

Washington State Health Care Authority

Tayitaa Kununsa Fayyaa Mottummaa Washington duula ittisa miidhaa opioid labseera. Duulichi warra Washington waa'ee balaa qorichotaa oogessa fayyaatiin ajajamee karaa dogoggoraatiin fayyadamuu fi miidhaa isaa barsiisuu akkaasumas kuufama n ageenyii isaa eeggama ta'ee fi raawwiilee kosii ittiin ofirraa itti fageessan kan nageenyi isaa eeggama ta'e beeksisuu.

Karoora Deebii Miidiyaa Hawaasaa Tokkoontiin Jalqaba

Protokoolii Taligaa Hawaasa Hujeffannoo Facebook. Qajeelfamoonni kuni argaa DSHS irraa gowoomsuu ni danda'a akkasumas suuraa duuloota umrii dhugaatiif hin gahinii irraa fudhatame.

Protokoolii Deebii Miidiyaa Hawaasa

Ammamtaa
Hordoffiin DH guyyaa hunda qabeenya hawaasummaa Tokkoon jalqaba. Yeroo sanbata-lameenii, yaadoonni dhooyfamuu barbaadan ariitiiin furmaanni itti kennama, akkasumas yaadoonni deebii barreeffamaa barbaadanis guyyaa hojii itti-aananitti furmaanni itti kennama.

Dhiheessiii Deebii
DH yaadoota waliigalatiif deebii hin kennu yoo isaaan yaadoota yookiin qaaffiilee odeffannoo-barbaadaa keessatti dabalan malee. Yoo yaannii kan filannoo irratti hundaa'u ta'e, DH hin deebisu, sababni isaatis gara mormii hin barbaachisne keessa nama naquu mala waan ta'eef. Yoo yaadichi ergaa, matadureewwanii fi odeeffannoo Jalqaba duulaa Tokkoof murtaa'aa ta'ee odeeffanno sirrii hin tane qabaate DH odeefaannoo dogongoraa ibsuudhaaf ni deebisa. Kanan ala DH yaadootaaf deebi hin kennu.

Wayta DH gaaffiilee waa'ee yaadichaa qabaate, deebii qopheessuuf oogumaa HCA matadurichaarrattii irratti hundoofna. Gara fulduraatti adeemuuf kanneen armaan gadii fakkeenyoota darban kan maal akka deebisnuu fi akka hin deebisneeti.

Imaammata Yaada Dhooksuu
DH yaadoota armaan gadii kamiiyyuu ni dhoksa:

- Nama yookiin dhaabbatoota kamiyyuu kan dorsisu
- Afaan jeeqaa yookiin dubbii nama yeellaasisan kan fayyadamu
- Dubbii jibbaa kan fayyadamu

Yaadoota eeggaman/Gaaffiilee fi Deebilee

Kannen yaadoota eeggamanii fi gaaffiilee dha, garuu kanneenii wajjiin kan wal hin fakkaanne yoo ka'an DH deebii mirkana'ee qopheessuuf HCA wajjiin ni hojjeta.

G: Dhukkubbii nafeeffattee kiyyaaf opioids nin fayyadama garuu araada isaa hin qabu. Maaliifin kanaaf xiyyeeffannaa kennuu qab?

D: Opioids dhukkubbii wal'anuuf karaa mikaa'aa danda'a garuu inninis baayyee araada nama qabsiisuu danda'an. Filannoowwan dhukkubbii ittiin too'atan kanneen biroo kan haaloota gari garii keessatti irraa caalaatti hojjatanii fi miidhaa xiqqaa qaban ni jiru. Dhukkubbii too'achuuf waa'ee filannoowwan kanneen biroo kana muraasa dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan gaafachuu tilmaama keessaa galchaa. Dhukkubbii walk'anuuf yoo kan opioids fayyadmtu ta'e, wayta irraa fixattan cufaati haala nagayaatiin kosii isaa ofirraa fageessaa. Qabeenya dabalataatiif www.getthefactsrx.com daawwadha.

G: Qorsa kiyya itti cufuu yookiin kara nagayaatiin kosii isaa ofirraa fageessuu maqaa dhoyteerta. Dhugumatti sun maal jechuu dha?

D: Fakkeenyoota gaarii muraasa iddoo qorsa keessan itti cuftan kabatoolee cufamaa, kaznaalee fi danduuqaalee fayyaa cufamu muraasa faa of keessaa qaba. Akkasumas tooraa Mottummaa Washington keessa iddoowwan sanduuqa-itti buusaa kan nagayni isaa eeggamaa ta'e kan qoricha itti hin fayyadamni ittiin ofirraa fageessan. Tokko iddo iusinitti dhihaatutti argachuuf www.takebackyourmeds.org daawwadha.

G: Waa'ee hiriyyaa koo kan opioids fayyadamuutiin yaaddaweera.

D: Yoo hiriyyaa opioids karaa dogongoraatiin fayyadamaa jiran jettanii yaaddan qabaattan, iddoo gaariin irraa jalqaba sarara gargaarsa dhibeerraa fayyuu Mottummaa Washington 1 (866) 789–1511 irratti dha. Marsariitii duulaa keenyarra haasawa jalqabdootaatu jira, www.getthefactsrx.com, kan hiriyyaa keessanitti akka haasooftan isin gargaaru danda'an. Isaan caafama isaanii keessatti isin qabaachuu isaaniitiif carra qabeessoota dha.

G: Nama-tokko kan araadni opioids isaan qabee gargaarsa isaan barbaadan argatan nan beeka. Garuu yeroo sanitti akkamitti akkan isaan gargaaruu danda'u hin beekne ture.

D: Araadnni sodaachisaa ta'uu danda'a, garuu isin sirrii dha, guutuu Mottummaa Washington keessa sagantoonni warreen itti fayyadaminsa opioid dogongoraatiinii fi miidhaa dhan rakkachaa jiran gargaaranii fi deeggarsa barbaadan akkan argatan godha ni jira. Namni kamiyyuu araadaa horachuu ni danda'a, akkasumas kophaa isaanii akka hin taanee fi yeroo hunda abdiin jiraachuu isaan beeksisuun deeggarsa godhuufiin barbaachisaa dha. Akkuma argitanitti, wal'ansi ni hojjata. Yoo isi yookiin namni isin beektan gargaarsa barbaadee, sarara gargaarsa dhibeerraa fayyuu Mottummaa Washington 1 (866) 789–1511 irratti bilbilaa.

G: Maalif HCA akkaataa ijoollee keenya ittiin guddifannu nutti himuudhaaf yaala?

D: Yaada keessaniif galatomaa. Walitti dhufeenyi maatiif-daa'immanii hundi garaa gara akka ta'ee fi caalaatti ijoollee keessan akka beektan ni hubanna. Kaayyoon keenya maatiiwwaniif gorsoota bu'aa qabanii fi qabeenyoota kennineefii salphatti dargaggoo ga'eessootaati wajjiin akka isaan waa'ee opioid karaa dogongoraatiin fayyadamuutii fi miidhaa isaa haasawan taasisuu. Kunoo walqabsiistuun jalqabuuf isin gargaaruu as jira
www.getthefactsrx.com/conversation-starters.

G: Dhugumatti ijooleen kiyyaa ni dhaggeeffatan jattee yaadda?

D: Ijoollee keessan caalaatti ni beektu, garuu qoronnoowwan ijoolleen wayta maatiiwwan waa'ee balaawwan qoricha hadoochituu fayyadamuu isaanitti himan carraan isa fayyadamuun isaanii dhibbarraa parsantii 50 ni hir'ata. Gorsa bu'aaqabeessa dabalataa akkaataa ittiin haasa'oota kana ijoollee keessanii wajjiin gootaniitiif, marsariitii keenya daawwadha: www.getthefactsrx.com/conversation-starters.

G: Marijuana opioids dhaaf filannoo guddaa dha.

D: Opioids filannoowwan ittiin dhukkubbii too'atan ni jiru. Yeroo hunda filannoowwan ittiin dhukkubbii too'atan jalqabuu keessaniin dura doktara keessanii wajjiin mari'adha Filannoowwan ittiin dhukkubbii too'atan kanneen birootiif, www.getthefactsrx.com/opioid-facts daawwadha.

G: Kuni proppagaandaa mottummaa qofa dha.

D: Karaa kanaan waan isinitti dhagahamef ni gaddina. Odeeffannoon duula kana keessatti itti fayyadamaman maddoota amanamoo tahan irraa funaannaman. Mottummaa Washington yeroo amman kana miidhaa opioid tii fi balaawwan qoricha hamma barbaachisuu olii kan opioids fi heroin oogeessa fayyaatiin ajajame of keessaa qabuutii mudachaa jirti. Mottummaa Washington kessaatti opioids kanneen dursaa balaa du'aa wajjiin waal qabataan gessiisan kessaa tokkoo dha. Balaa konkolaata irra caalaa namoonni bay'een bay'iina hanga qoricha irra du'uu. Hamma guddina dhimma kana kennameen, mottummaan keenya jiraattoota Mottummaa Washington niif qabeenyoota dabaluuf Karoora Hojii Opioid Dhaabbatootaa-Gamtaa'aa Mottummaa Washington qopheesseera. Odeeffannoo dabalataa waa'ee maddoota duula kana keessatti fayyadamamee yoo barbaaddan, maalo www.getthefactsrx.com/sources daawwadhaa.

G: Kuni miiraa walooti. HCAn maaliif maallaqa qaraxaa keenya duula kanarratti baasaa?

D: Mottummaa Washington yeroo amman kana miidhaa opioid tii fi balaawwan qoricha hamma barbaachisuu oliiti mudachaa jirti. Ejeensiiwwan mottummaa naannoo, dameewwan fayyaa naannoo, gareewwan oogeessootaa tii fi dhaabbatoota hawaasaa idil Mottummaa Washington ergama jiraattoota waa'ee opioid karaa dogongoraatiin fayyadamuutii fi miidhaa isaa barsiisuu itti kennameera akkasumas ergama du'a opioids wajjiin walqabate hir'uusuutis itti kennameera. Karoorri Hojii Opioid Dhaabbatootaa-Gamtaa'aa Mottummaa Washington karaaleewwan keessaa isa tokko kan eejiinsiiwwan mottummaa ittiin kana godhaa jiraniiti. Duulii murtaa'aan kuni Taayita Kunuunsa Fayyaa (HCA) tiin deeggarsi maallaqaa godhameefii jira.

G: Beeksiisoota kana ilaalurraa dhukkubsadheera / Maalii beeksisoota kanaan narratti xiyyeeffattan?

D: (Akka eergaa kallattii sanduuqa eergaa Facebook itti kanaafuu nuti amala kana ifatti hin beeksisnu) – Yoo garmalee isin dhippiisiisuunsaa isinitti dhagahamee ni gaddina Tokkoo wajjiin Jalqabaan duula ittisaa kan Tayitaa Kunuunsa Fayyaa Mottummaa Washington warra Washington waa'ee balaawwan opioid naannoo keenyaa keessa jiraan ittiin barsiisuuti. Kanaafi isin beeksiisoota keenyaa arguu dandeessan. Yoo beeksiisoota kan dhooksu barbaaddan, tuqaalee daalacha sadeen gara roga harka mirgaa beeksiisaa gubbaa jiran irratti cuqaasaa, akkasumas filannoo "beeksisa dhoksi(hide ad)" jedhu baafata gadbuusaa keessaa filaa.

G: Opioids maaliif akkanatti araada nama qabsiisan?

D: Opioids iddoo badhaasa sammuu keessa jiruu haala faallaa ta'een midhaa irratti fidaa, fayyadamtootaa yeroodha gara yerootti caalaatti akka barbaadan taasisa. Sababa kanaatiif qorichi kuni araadaa ol-aanaa nama qabsiisuu danda'an. Waa'ee uumaa opioids caalaatti baruudhaaf, www.getthefactsrx.com/opioid-facts daawwadha.

G: Garaagarummaa opioids fi qorichoota dhukkubbii biroo gidduu jiru hin beeku.

D: Opioids kutaa qorichaa baramoo dhukkubbii hir'isuu fayyadu dha. Qorichi hadoochaa seeraan alaa heroiniin oxycodone, hydrocodone, codeine, morphine, fi kanneen biroo heedduu kan of keessa qabu heedduun akka dhukkubbii goomsaatti kan oogeessoota fayyaatiin namaaf ajajaman opioid dha. Opioids iddoo badhaasa sammuu keessa jiruu haala faallaa ta'een midhaa irratti fidaa, fayyadamtootaa yeroodha gara yerootti caalaatti akka barbaadan taasisa. Sababa kanaatiif qorichi kuni araadaa ol-aanaa nama qabsiisuu danda'an. Waa'ee uumaa araaddummaa opioids caalaatti baruudhaaf, www.getthefactsrx.com/opioid-facts daawwadha.